


AKKAMITTI MUUZII FI QOLA MUUZIITTI FAYYADAMNA



%12

ulfina muuzii keessaa qola isa ti.

Kana jechuun qola paawundii miliyoona 780 waggaa waggaatti akka kosiitti awwaalama!



MUUZII KUUSUU:

Muuziin baagii malee hanga bilchaatutti ho'a manaa keessa turfamuu qaba.

Muuzii utuu hinbilchaatin tursuuf, balee baleetin irraa kuti damee isaa immoo plaastikan mari yookin firijjii keessa kaa'i.



Gosti muuzii baayyee digirii mudhii lafaa 30 irratti guddata.



Muuziin dheedhii homishame karaa dheeraa konkolaataa firijiitin geejibamuu mala.



Muuziin kutaa bilchinaa keessa yammuu turu gosa gaazii 'ethylene' jedhamuuf saaxilama.



Muuziin gabaaf gara istooratti ni fe'ama.



Maatiin muuzii bitamu keessaa %25 ni gatama.



MUUZII DARBAA BILCHAATE HINGATIN!

Muuzii darbaa bilchaate, daabboo, ismuuzii, mefin fi waan ka biroo qopheessuuf ta'a. Muuzin cabbaa'e ayskireemii ittiin qopheessuuf ni ta'a. Kanaaf, muuzii darbaa bilchaate plaastika ziippii qabu keessa firijjii cabbeessu keessa hanga itti fayyadamtutti tursi.

ITTI FAYYADAMI. HINGATIN.

BIQILTUU XAA'EESUUF.

Qola muuzii biqilaa timaatimiitti marsii akka albuuda qola isaa keessaa xuxxuxuf ittin ukkaamsi. Qola muuzii bakka xaa'oo mana biraattii yoo itti dabalte dafee buka'ee niyutireentii baayyee argata.



DHIBEE NANNA SHIF GODHUU FI HOSSISU FOOYYESSA.

Qola gogaa nannaa bakka bookeen ciniinte, shif jedhee yookin baala summaa'aa tin tuqameetii dibuu dhan akka fooya'u gochuun ni danda'ama.



FOON LAAFFISUU.

Qola muuzii miicii bakka xuwwee foon itti affeelan irraa yoo keesse foon akka hinjajabanne taasisa.



AVOKAADOO BILCHEESSUUF.

Qola muuzii avokaadoo waliin baagii waraqa keessa sa'a 24 tiif xarapheeza irra yoo keessee dafee ni bilchaata.



BILLAACHAA FI SIMBIRROO HARKISA.

Muuzii darbaa bilchaate irraa qola baaftee bakka biqiltuu mana biraa irra yoo hafte billaacha fi simbirroo baayyee argita. Kanniisa fi ilbiisota garaa garaas irra qubatu.



GOGAA HAXAA'UUF.

Qola muuzii gara adii isaatin qophe, jaakkettii fi meeshalee manaa gogaa irraa hojjetaman huccuu lallafaatin haaxahi.

